









# BU’UURA MOOTUMMAA WAAQAYYOO

Barnoota 9ffaa Waxabajjii 1, 2024



"Yommus bineensichi akka jawwee sun dubartittii sanatti aaree, sanyii ishee warra kaanitti lola kaasuu dhaqe; isaanis warra abboommii Waaqayyoo eeganii, isa Yesus dhugaa ba'ettis jabaatanii dha."
— Mul. 12:17





Addunyaa naannoo keenya jiru ilaaluudhaan, Waaqayyo seera isaaniin bulchu akka uume in agarra. Seera murteessaa ta'e dha, fkn, karaa ittiin uumamni lubbuu qabu guddatuu fi dagaagu. Yeroo lafti si'aayina guddaadhaan wiirtuu ishee irra aduutti naannoftu akka nuy hin kufneef seerri ittisu jira.



Waaqayyo, seera akkaataa nuy itti hojjennu agarsiisus uumeera, isaanis jiraattotni lafa kanaa fi jiraattotni addunyaalee biroo, ergamoota dabalatee kan ittiin bulan jira.

Waaqayyo, seera kana uumama sammuu yaadu qabu yuniversii keessa jiraatu hundumaa keessa dhaabeera (Rom. 2:15). Haa ta'u malee, cubbuun seera isa nu keessaa olii fi gadi godheera. Kanaaf iyyuu, Waaqayyo Ofii Isaatii, karaa Sagalee fi Caaffataa gara keenyatti dabarsuutu irra ture (Kes.De. 4:13).





## Seera:

- Seera mana Qulqullummaa samii keessaa.
- Seera bara baraa.

## Sanbata:

- Hiikkaa Sanbataa.
- Sanbataa fi xumura yeroo.

## Seera, Sanbataa fi Waaqeffannaa.


SEERA

# SEERA MANA QULQULLUMMAA SAMII KEESSAA

"Kana booddee manni qulqullummaa Waaqayyoo inni waaqa keessaa banamee, sanduuqi kakuu mana qulqullummaa isaa keessaas in argame;" — Mul. 11:19



Yohaannis, manni Qulqullummaa Waaqayyoo banamee, achi keessatti immoo saanduqa kakuu "arge" (Mul. 11:19). Hamma yeroo sanaatti saanduqi kakuu mana qulqullummaa samii keessaa dhokatee turee? Mul'anni kun maal bakka bu'a?

Mul'ata kana hubachuudhaaf, mana qulqullummaa isa lafarraa ilaaluu qabna, akkasuma sirnoota achi keessatti kabajamaa turanis ilaaluu qabna.

Saanduqi kakuu wagga guutuu "dhokatee" guyyaa Araaraa isa guddaa qofa mul'ifama. (Lew. 16:2, 12-13). Guyyaa sana murtiitu kennama, cubbuunis raawwatee balleeffama. (Lew. 16:30).



Mul'atni Yohaannisiif kenname, mul'ata boqonnaa 11 yeroo gabaabaa booda (innis, jaarraa 19ffaa gara jalqabaa yeroo Macaafni Qulqulluun haalaan tamsa'e), Murtiin Samii irraa jalqabe.

Akkuma isa lafarraa, saanduqi kakuu abboommii 10nan kan ittiin murtiin nuuf kennamu of keessaa qaba. Teessoo araaraa, isa fakkaattii araara Waaqaa ta'es, innis bakka itti dhiigni Yesuus cubbuu keenya aguuguu of keessaa qaba. (1Phex. 1:18-19; 1Yoh. 2:2; Faar. 85:10).


# SEERA BARA BARAA

"Yesus, "Seeraa fi barsiisa raajotaa diiguudhaaf waanan dhufe hin se'inaa, ani isaan raawwachuudhaafan dhufe malee, diiguudhaaf hin dhufne."— Mat. 5:17



Yooma, abboommii 10nan Yesuus fannoo irratti fannise kan jedhu dhaga'amuun baratamaa ta'ellee, haaressitoonni kana hin barsiifne, Macaafni Qulqulluunis kana hin barsiisu.

Seerrii fi sirni mana qulqullummaa isa lafarraa wajjin wal qabatu fannoo irratti kan hafe yoo ta'ellee, kun Seera Sonaa hin ilaallatu (Efe. 2:15).



Seerri Waaqayyoo kan bara baraati, yeroon hin daangessu, guutuu dha, amala uumama yaaduu danda'uu warra Waaqayyo uumee hundumaa bulcha. (Far. 19:7; 119:142; Rom. 7:7, 12, 16, 22, 25; 1Yoh. 3 :4).

Dhugaan jiru, seerri bara baraan jiraata, sababni isaa, calaqqee amala Waaqaati waan ta'eef.

**Amala Waaqaa**

- "Teessoon kee qajeelummaa fi dhugaa irra dhaabate" (Far. 89:14a)
- "gaarummaanii fi amanamummaan si dura in adeemu." (Far. 89:14)

**Seera**

- "Abboommiin kee hundinuu qajeelaa dha" (Far. 119:172)
- "seerri kees dhugaa dha." (Far. 119:142)


SANBATA

# HIIKKAA SANBATAA

“Guyyaa Sanbataa qulqullinatti eeguudhaaf yaadadhu” (Ba’uu 20:8)



**Abboommii afuraffaan, waan lamaaf Sanbanni eegamuu akka qabu kaa’a: waan Waaqayyo nu uumeef (Ba’u 20:8-11); waan Waaqayyo nu fayyiseef (Kees. 5:12-15).**

**Nuuf, Sanbanni sochii torbanii keessaa dhaabannee, Uumaa keenya akka jajannu nu godha; jaalala Inni ittiin nu fayyise akka itti yaannu nu godha, akkasuma kakuu Inni Uumama Haaraa keessatti Isaa wajjin akka jiraannuuf waadaa nuuf gale nu yaadachiisa. Akkasitti yeroo hubannu, Sanbanni eebba addaa Waaqayyo biraa nuuf kenname dha.**





**Karaa biraatiin, yeroo nuy Isattii gargar baanetti, Waaqayyo baayyee akka nu jaallatte nu yaadachiisa. Fakkeenya boqonnaati, kan hojii miti; fakkeenya ayyaanaati, kan seerummaa miti; fakkeenya nagummaati, kan abaarsaa miti; fakkeenya fayyisuu Waaqayyootti hirkachuuti, yaalii ofiin fayyuu keenyaa miti.**

**Sanbata eeguudhaan, amanummaa Waaqaaf qabnuu fi fedhii Isa qofa waaqessuuf qabnu agarsiifna.**

# SANBATAA FI XUMURA YEROO

"Bifa fakkeenya bineensa isa duraa sanatti lubbuu itti gochuun, bineensa isa lammaffaa sanaaf kennamee ture; kana irraa kan ka'es bifni fakkeenya bineensichaa kun dubbachuu iyyuu danda'ee, hammi isaaf hin saganne akka ajjeefaman in godhe." — Mul. 13:15



Mul'atni 13, humnoota adda addaa Seexanni addunyaa Waaqarraa galachuuf gowwomsaa inni fayyadame ibsa. Waanti boqonnaa kana keessatti argamu hundinuu waaqeffannaa wajjin walitti hidhata. (Mul. 13:4, 8, 12, 15).

Humnoota tuqaman keessaa tokko kallattiidhaan gaanfa xinnaa Daani'el 7 keessaa isa yeroo fi seera geedderuuf yaaluu wajjin wal ilaallata. (Mul. 13:5; Dan. 7:25 – turtiin yeroo ji'oota 42, bara, barootaa fi walakkaa baraa isa jedhuu wajjin tokkuma dha).



Humni kun, abboommii lammaffaa isa (bifa fakkeenyaaf waaqessuu) ilaallatu in diige, abboommii afuraffaa (isa yeroo waaqeffannaa) ilaallatu in geeddere, qulqullummaa Sanbataa gara Dilbataatti dabarse.

Yeroo xumuraa irratti, [hojii guyyaa Sanbataa dhowwame] bituu fi gurguruun ittisuu dhaan waaqeffannaa "bifa fakkeenyaa" dirqama godha. (Mul. 13:14-17). "Mallattoon bineensichaa" kun, waa'ee warra guyyaa Sanbataa isa Waaqayyo dhaabe dhiisanii, guyyaa Dilbataa isa namaan dhaabame akka guyyaa waaqeffannaatti fudhatanii nutti hima.




SEERA, SANBATAA FI
WAAQEFFANNAA

"Innis sagalee guddaadhaan, "Yeroon firdii isaa waan ga'eef, Waaqayyoon sodaadhaa, ulfinas kennaaf! Isa waaqa, lafa, galaana, burqituu bishaanii uumeefis sagadaa!" jedhe." — Mul. 14:7



Ergaan sadan yeroo dhumaatti labsaman waaqeffannaa wajjin wal qabatu, kanaaf Sanbataa fi Seera Waaqaa ilaallatu.

| | | |
|---|---|---|
| Ergaa tokkoffaa | Mul'ata 14:6-7 | Firdiif qophaa'aa (isa safartuun Isaa Seera ta'e), Uumaa waaqessaa (akka Sanbatni nu yaadachiisutti) |
| Ergaa lammaffaa | Mul'ata 14:8 | Sirna amantii waaqeffannaa sobaa Waaqayyoof dhiheessu irraa deebi'aa |
| Ergaa sadaffaa | Mul'ata 14:9-11 | Eenyuu fi akkamitti akka waaqessitan murteeffadhaa: Waaqayyoon, Sanbata eeguu; ykn diina, mallattoo isaa fudhachuu. |



Waa'ee warra jabaatanii dhaabatanii amaloota lamatu kenname: "abboommii Waaqayyoo kan eeganii fi amantii Yesuusiin kan qaban" (Mul. 14:12).

Yeroo murteessoo sana keessa abboommii Waaqaa eeguuf, amantii Yesuusiin fudhachuu qabu: innis isa hin sochoone; gadi fagoo; dhaabbataa; kan mo'amuu hin dandeenye dha.

"Utuu Sanbanni guutummaa addunyaa irratti eegameera ta'ee, yaadnii fi jaalalli namaa akka mi'a ulfina qabeessaa fi waaqeffannaatti gara Uumaa dhaqa ture; waaqni tolfamaan, gantummaan, ykn Waaqa wallaaluun hin jiru ture. Sanbata eeguun mallattoo Waaqa dhugaa, "Isa waaqa, lafa, galaanaa fi burqoota bishaanii uumeef" amanamuuti. Ergaa isa nama hundumaa Waaqayyoon waaqessuu fi abboommii Isaa eeguu, keessumaa abboommii afuraffaa, eeguu abboomu dha."

EGW (The Great Controversy, pg. 437)